Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Dhalachuu Yesuus



Kan barreeffame: Edward Hughes
Kan ibsame: M. Maillot
Alastair Paterson
Kan dagaagsame: E. Frischbutter; Sarah S.
Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia
Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

BFC
PO Box 3
Winnipeg, MB R3C 2G1
Canada

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yeroo dheraa dura, Waaqayyo gara durbee warra Yihudii miidhagduu Maariyaam jedhamtu ergamaa Isaa Gabri'eel jedhamu ni erge. Innis "Mucaa/Ilma ni godhatta, Maqaa Isaas Yesuus ni jettaan. Innis Ilma Waaqaa guddichaa jedhamee ni waamama, Inni bara baraaf ni bulcha/ni moo'a" ittiin jedhe.

"Inni kun akkamittiin ta'uu danda'aa?" jettee dubreen ajaa'ibamtee sun gaafatte. "Ani durba, inni kun akkamitti ta'a?" jette. Ergamichii Ilmii sun Waaqayyo irraa akka dhufu isheetti ni hime. Abbaan namaa akka hin jirre itti ni hime.

3

Ergamichi durbii/adaadaa ishee kan taate Elsaabex umrii ishee dullumatti akka ulfoofte Maariyaamitti ni hime. Inni kuniis wanti dinqii ture. Yerosuma Maariyaam Elisaabeexiin daaw'achuuf ni deemte. Lamaanuu waliin Waaqayyoon ni galateeffatani.

4

Maariyaam nama maqaan Isaa Yoseef jedhamutti heerumuuf kaadhimamtee ture. Yoseef Maariyaam ulfaa'uu ishee wayita dhaga'etti aaree ture. Namni gara kan biiraa abbaa ta'uuf kan jiru itti ni fakkaate.

5

Abjuudhaan, Ergamaan Waaqayyoo mucaan kun Ilma Waaqayyoo ta'uu Isaa Yoseefitti ni hime. Yioseef Yesuusiin kununsuuf Maariyaamiin kan gargaaraa ture.

6

Yoseef Waaqayyoon amanee ni abboomame. Inni dabalataanis seera biyyaa isaatiif ni abboomame. Sababa seera haaraatiin, gibira isaanii kafaluuf inni fi Maariyaam



biyya dhaloota isaanii Beetaliheemin dhiisanii ni ba'an.

7

Maariyaam yeroon da'uumsa ishee ni ga'ee. Garuu immoo Yoseef kutaa ishee itti boqochiisu hin arganne. Iddoon bulan hundi



qabamanii turani.

8

Yoseef booddeerra siree horiin itti nyaatu ni argate. Achitti Yesuus ni dhalate. Haati Isaa siree horiin itti nyaaturra Isa ni ciibsite.



9

Tiksitoonni naannoo sana jiran hoolota isaanii walitti sassaaban Ergamaan Waaqayyoo gara isaanii dhaqee oduu dinqii kana isaanitti ni hime.

10

"Hardha Magalaa Daawit keessatti Fayyisaan isiniif dhalateera; Innis Kiristoos Gooftaadha. Daa'ima huccuudhaan maramee siree horiin itti nyaatu irra ciisu tokko ni argitu."

11

Akka tasaa, ergamoonni Waaqayyoon galateeffachaa, "Samii gubbaatti ulfinni Waaqayyoof, lafa irratti nageenyi namoota Inni itti gammaduuf haa ta'u" jechaa.

12

Tiksitoonni sun dafaanii gara mooraa horii sanaatti ni dhufan. Daa'imicha erga arganii booda waa'ee wanta ergamaan Waaqayyo waa'ee Yesuus isaanitti himee namoota argan hundumaatuu ni himan.

13

Guyyoota afurrtamaan booda, Yoseef fi Maariyaam gara mana Qulqullummaa Yerusaalemitti argamuu Yesuusiin ni fidan. Achitti namni Simi'oon jedhamu tokko waa'ee Ilma sanaatiif Waaqayyoon ni galateeffate, akkasuma Haannaa hojjettuun Gooftaa isheen jaartiinis Gooftaadhaaf galata ni galchite.



14



Lamaanuu Yesuus Ilma Waaqayyoo Fayyisaa isa abdachiisame akka ta'e ni beekan. Yoseef sinbirrowwaan lama aarsaa ni dhiheesse. Inni kun aarsaa isa seerri Waaqayyo namoonni hiyyeeyyiin yommuu daa'ima godhatanii gara Gooftaa fidan isa raw'atan dubbatuu dha.

15

Yeroo ta'een booda, urjiin addaa tokko namoota Ogeessota Bahatii gara Yerusaalemii isaan ni gaggeesse. "Mootiin Yihudootaaa Inni dhalate eessa jira?" jedhanii gaafatan "Nuyi Isaaf ni saganna" jedhan.

16



Mootiin Heroodis waa'ee Namoota Ogeeyyi kanniin ni dhaga'e. ni na'e, innis akkuma Yesuusiin argattaniin akka isatti himan isaanitti ni hime "Anis Isaaf nan sagada," jedhee Horoodi. Garuu immoo inni sobaa ture. Heroodis Yesuusiin ajjeesuun ni barbaade.

17

Urjiin sun gara mana Maariyaamfi Yoseef Daa'ima haaraa wajjiin jiran isa sirrii Namoota ogeessota ni agrsiise. Sagadaan Namooti ogeessotaa jilbiinfatanii, imaltoonni kunniin Yesuussiif kennaa gatii jabeessa Warqee fi urgooftuu ni keenani.

18



Waaqayyo Namoota Ogessota Kanniin dhoksadhaan gara biyya isaaniitti akka deebi'an ni akeekkachise. Heroodis baay'ee ni aree.

19

Uusin ajjeesuuf ni murteesse, mootii inni gara jabeessi kun daa'imman dhiiraa Betaliheem keessa jiran hunda ni ajjeese.

20



Garuu immoo Heroodis Ilma Waaqayyoo irraan miidhaa geessisuu hin dandeenye! Abjuudhaan akeekkaachiifamee Yoseef Maariyaan fi Yesuusin gara biyya Misiraa (Gibxii) nagaadhaan ni fudhate.

21

Heroosis yommuu du'u Yoseef Maariyaamin fi Yesuusiin biyya

Gibxiitii ni deebise. Isaan magalaa xiqqoo galaala Galiilaa cinaa jirtu, Naazireet keessa ni jkitaatan.

22

Dhalachuu Yesuus

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Wangeela Maatiwoos 1-2,
Wangeela Luqaas 1-2

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

23

Xumurameera

36 60

24

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'ufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

25